Calgary

# Walqixxummaa anniisaa waliin tarkaanfachiisuu

## TARSIIMOO WALQIXXUMMAA ANNISAA KAALGAARII

Tarsiimoon Walqixxummaa Annisaa Magaalaa Kaalgaarii maatiin hundi anniisaa gatii madaalawaa fi qulqulluu akka argatan gochuudhaan rakkoo qilleensaa fi gatii madaalawaa furuuf kaayyeffateera. Tarsiimoon kun galtee lammiilee Kaalgaarii walqixxummaa dhabinsi anniisaa irratti mudate fi qaamolee fedhii qaban hojii kana deeggaran irraa argameen kan qophaa'edha.

### Mul'ata

Kaalgaariin magaalaa anniisaa walqixa ta'ee fi namoonni anniisaa qulqulluudhaan mana isaanii gahumsaan ho'isuu, qabbaneessuu fi humna itti kennuu danda'anidha.

### Ergama

Magaalaan Kaalgaarii lammiilee Kaalgaarii walqixxummaa anniisaa dhabuu isaan mudatan sagantaa walqixxummaa anniisaa haala barbaadamuun fi gatii madaalawaa ta'een dhiyeessuuf kutannoon hojjettii.

### Naannoowwan dursi kennamuuf

Walxaxiinsa walqixxummaa anniisaa dhabuu furuuf Tarsiimoon kun hojiiwwan dursa kennuufi jalqabbii ijoo hedduu irratti xiyyeeffata.

**Gahumsa anniisaa manaa**

- Fooyyessiiwwan gahumsa anniisaa fi barnoota
- Namoota biyya keessaarratti kan xiyyeeffate

**Hirmaannaa fi tumsa**

- Hirmaannaa hawaasaa itti fufuu
- Dhaabbilee fi sadarkaa mootummaa biroo waliin tumsuu

**Gatii madaalawumma Anniisaa**

- Imaammata gatii anniisaa leellisuu
- Kaffaltii tajaajila magaalaa hir'isuu

**Hordofuu fi gabaasuu**

- Bu'uura hordoffii fi gabaasaa diriirsa
- Guddina waliin dubbachuu

Tarsiimoo guutuu ilaaluuf koodii QR iskaan godhaa ykn calgary.ca/ClimateEquity daawwadhaa

## WALQIXXUMMAA ANNIISAA HUBACHUU

Walqixxummaan anniisaa maatiin hundi qulqullina jireenyaa madaalawaa ta'eef anniisaa gatii madaalawaa akka argatan taasisa. Walqixxummaa anniisaa dhabuun kan uumamu maatiin fedhii bu'uuraa biroo cinatti fedhii anniisaa isaanii guutuuf yeroo rakkatan yoo ta'u, kunis maanguddoota, maatii nama tokkoo, gareewwan sanyummaa qaban, kireeffattootaa fi hawaasa dhibamee biroo haala walmadaaluu hin dandeenyeen kan miidhudha. Kunis gahumsa anniisaa manaa, gatii madaalawaa faayidaa fi galii hojiirra ooluu danda'u dabaluudhaan walitti makamuun furmaata argachuu danda'a.



**Manneen 7 keessaa 1 mana isaanii Calgary keessatti**

**ho'isuu, qabbaneessuu fi humna itti kennuu hin danda'an**

## FAAYIDAALEE WALQIXXUMMAA ANNIISAA

- Fayyaa fi nageenya fooyya'aa
- Faalama hir'isuu
- Qusannoowwan dinagdee fi carraa hojii uumuu
- Haala qilleensaa dandamachuu dabaluu
- Humna hawaasaa ijaaruu
- Carraalee barnootaa

24-0042122-CRV-32493